

AKKAATAA ITTI FILAN

VOTE
2024

Filuun kee sagalee keeti - galmaa'i, odeeffannoo argadhu, dhaqii filii!

EENYUTU FILUU DANDA'A?

Minnesota keesatti filuuf lammii U.S ta'uun kee dirqama. Yoo xiqqaate Guyyaa FILANNO umuriin kee 18 ta'uu qaba akkasumas yoo xiqqaate bultii 20fi jiraataa Minnesota ta'uu qabda.

Yakka cimaadhaan kan himatamtan yoo ta'e, yeroo ammaa yakka sanaan yoo kan hin hidhamne ta'e sagalee kennuu dandeessu.

Utuu tiksa jala jirtuu filuu ni dandeesa yoo abbaan seeraa mirga kee hin mulqine ta'e.

FILUUF GALMAA'I

Bakka teessoo amma jiraattuutti filuuf galmaa'uutu siira jiraata. Galmaa'uuf ykn isa kaanaan dura galmoofta fooyyessuuf, mnvotes.gov ilaali.

Akkasumas, Guyyaa Filanno bakka filmataatti galmaa'uu ni dandeesa. Ragaa maqaa fi teesso kee ammaa mirkaneesu agarsiisu qabda. Odeeffannoo dabalataaf, mnvotes.gov ilaali ykn 1-877-600-VOTE bilbili.

GUYYOOTA 2024

FILMAATA DURSAA

Wiixata, Hagayya 13

GUYYAA FILANNOO UTUU ACHITTI HIN ARGAMIN FILUU

Karaa mana poostaa filmaata kee erguu ykn kallatiin Birraa 20 hanga Sadaasa 4ti filii.

FILUUF GALMAA'UU

Guyyaa Filannoo yeroo qusachuuf dursii hanga Onkoloolesa 15 ti galmaa'i.

GUYYAA FILMATAA

Wiixata, Sadaasa 5

duubarraan itti fufa...

Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota
mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE

AKKAATAA ITTI FILAN



...fuula duraa irraa itti fufe

FAKKAATUU WARAQAA FILANNO KEE ILAALI

Namoota dorgomanii fi gaafii waraqaa FILANNO kee irra jiraatu ilaaluuf, mnvotes.gov ilaali.

BAKKA FI YEROO FILANNO

Bakka itti filtu baruuf, mnvotes.gov ilaali. Bakki Filanno irra guddaan sa'a 7wd hanga 8wb ti banaadha.

FIDUUN KAN SI MALU

Bakka teesoo kee ammaatti filuuf yoo galmooftte, waraqaa eenyummaa fiduun sirraa hin jiraatu. Yoo galma'uu ykn isa galmooftte fooyessuu feete, utuu hin filin dursa teessoo kee ragaa mirkaneesu argisiisuu qabda. Caalaa baruuf, mnvotes.gov ilaali ykn 1-877-600-VOTE bilbili.

DURSIITII WARAQAA FILANNOO UTUU GUYYAAN FILANNOO HIN GA'IN FILANIIN FILI

Bakka Filannoo ganda keetiiti Jimaata Birraa 21 eegaltee dursitee filuu ni dandeesa. Akkasumas, waraqaan FILANNOO bakka Filannooti utuu hin argamin ittin filan karaa mana poostaa teesoo keeti akka siif ergamu gaafachuu ni dandeesa. Waajjira Filannoo ganda kee ykn waraqaan FILANNOO bakka Filannooti utuu hin argamin ittin filan gaafachuuf, mnvotes.gov ilaali.

FILUUF JIRUU IRRAA BOQONNAA FUDHACHUU

Kaffaltiin, dhimmi ofiif ooluu, ykn yeroo boqonnaa kee utuu hin tuqamin, mirga filuuf jiruu irraa boqonnaa fudhachuu qabda.

Waajjira Barreessa Mootummaa Minnesota
mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE